DIOGELU CYMRU
KEEP WALES SAFE

Yeroo gannaa kanatti nageenya Weelsiin eegaa

Llywodraeth Cymru
Welsh Government

Odeeffannoo Vaayirasii Koroonaa Barbaachisaa

Nuyi hundi keenya Weels keessatti faffaca'insa vaayirasii Koroonaa dhaabuuf gargaaruu qabna.

Akkamitti nageenya ofii keessanii fi maatii keessanii eeguu akka qabdan

YEROO YEROOTTI HARKA KEESSAN DHIQADHAA

Keessattuu bittaa meeshaa irra turtan yoo ta'e, qarqaba kaaftaniittu yoo ta'e ykn nyaata qabuuf jettu yoo ta'e.



FAGEENYA HAWAASUMMAA EEGGADHAA

Namoota maatii keessan walitti dabalame keessa hin jirre irraa meetira lama fagaadhaa.

HAGUUGGII FUULAA UFFADHAA

Iddoo barbaachisutti.

MALLATTOOLEE SANA BARAA

Mallattooleen vaayirasii Koroonaa warri ijoon ho'ina qaamaa ol'aanaa, qufaa haaraa walirraa hin cinne akkasumas miirri dhamdhamaa ykn funfunnaa dhabamuu ykn jijjiiramuu.

QOFAATTI OF-BAASUU

Yoo isin ykn namni ta'e maatii keessan keessaa mallattoolee qabaate, ykn nama quunnamtii faana dhahuun yoo gaafatamtan mana taa'aa.

QORATAMAA

119 bilbilaa ykn
toora intarneetaan beellama qorannoo qabadhaa
battala yoo mallattoolee kamiyyuu qabaattan – yoo salphaa ta'anillee.

WARREEN QUUNNAMTII FAANA DHAHAN GARGAARAA

Nama qoratamee positivii ta'e waliin tuttuqqii dhiyoo yoo qabaattan, warreen quunnamtii faana dhahan bilbilanii maal gochuu akka qabdan isin gorsu. Isaan **02921 961133.**irraa qofa bilbilu

FAYYADAMA COVID-19 NHS ARGADHAA

Balaa vaayirasii Koroonaa keessa jiraachuu keessan beekuuf karaa ariifataadha. App Store ykn Google Play irraa naqadhaa/buufadhaa.

QUUNNAMTII KEESSAN NAMOOTA BIROO WALIIN HIR'ISAA

Waa'ee iddoo deemtanii fi nama quunnamtanii of-eegganoon yaadaa. Hammuma iddoo baay'ee daawwataa deemtanii fi namoota baay'ee quunnamaa deemtaniin, keessattuu mana keessatti, carraawwan vaayirasii Koroonaan qabamuu fi namoota birootti dabarsuu dabalaa deemu.

FAYYUMMAA KEESSAN

Nuyi yeroo cimataa keessa jiraataa jirra. Yeroo kamiyyuu caalaa fayyaa fi fayyummaa sammuu keessanii eeggachuun baay'ee barbaachisaadha. Gorsaa fi gargaarsa bilisaa gara **www.callhelpline.org.uk**deemuun, ykn **0800 132 737** bilbiluun ykn ergaa: **HELP** gara **81066**tti erguun argachuu dandeessu.

NHS AMMAYYUU ISINIIF ADDANA JIRA – NU GARGAARUUF ISIN GARGAARUUF

Karaa isin tajaajila NHS'n argattan tarii ganna kana adda ta'uu danda'a garuu ammayyuu yeroo isin barbaaddanitti addana isiniif jira. NHS'n beellamoota eeguun, akkasumas dhibee ykn miidhama keessaniif tajaajila sirrii fayyadamuun gargaaraa.

Yoo gargaarsa barbaaddu ta'e garuu ariifachiisaa miti ta'e, **https://111.wales.nhs.uk** daawwadhaa. Akka filannootti gorsaaf **111** bilbilaa ykn GP(hakiimii waliigalaa), faarmaasii, hakiimii ijaa ykn hakiimii ilkaanii keessan quunnamaa.

Weels keessatti odeeffannoo haarawaatiif akkasumas vaayirasii Koroonaa irratti gorsaaf, adaraa marsariitii Mootummaa Weelsh ilaalaa

www.gov.wales/coronavirus

Barreeffamni gabaabaa waraqaa irraa kun gaafa gaafatamu dhangiiwwan filannoo keessatti ni argama:
customerhelp@gov.wales 0300 0604400

OGL © Crown copyright 2020, Welsh Government WG41349

Llywodraeth Cymru
Welsh Government

Ergaa Ministeera Jalqabaa Weels irraa

2020'ni hunda keenyaaf waggaa dheeraa fi cimaa ture. Vaayirasiin Koroonaaa jireenya keenya hunda irratti dhiibbaa badaa geessiseera, akkasumas ammayyuu weerarri addunyaawaa hamaa kun xumura hin arganne.

Hundi keenya walii wajjin gamtaan yoo hojjenne, karaa vaayirasiin kun itti dagaagu irratti jijjiirama fiduu ni dandeenya akkasumas ni fidna.

Waggaa kana, nageenya hunda keenyaa eeguuf jecha, namni hunduu waan hin baramne akka hojjetu, akkasumas aarsaawwan hin baramne akka baasu waamicha gooneerra.

Waantota kunniin hunda akka isin hojjechuu itti fuftanin gaafadha.

Kuni vaayirasii tuttuqqii namootaatiin dagaagudha. Nuyi vaayirasicha to'achuu barbaanna yoo ta'e, dhibee sanaan hubamuu hir'isuu qabna.

Yeroo hunda gaafa nama quunnamnu, balaa vaayirasicha dabarsuu ykn ofii keenyaa vaayirasichaan qabamuu qabna.

Akkuma Ayyaanni Dhaloota Yesuus Kristoos dhiyaachaa deemuun, adaraa waa'ee iddoo deemtanii, waanta hojjettanii akkasumas nama quunnamuutti jirtanii of-eeggannoon yaadaa.

Kun akka isin nageenya ofii keessanii, maatii keessanii akkasumas hiriyoota keessanii eegdaniif gargaara.

Walii wajjin nageenya Weels eeguu dandeenya

Galatoomaa

Mark Drakeford MS,
Ministeera Jalqabaa Weels